# Ati Gati Jabessa!

Ati Waqayyoof gati jabessa akka taate beekta? Sonaan gati-jabeessa ta'uu kee irraa kan ka'e Waaqayyo ammallee waaqaa fi lafa utuu hin uumin dura siin fayyisuuf / oolchuuf karoorfateera.

**Filannoo bilisummaa**

Waaqayyo waaqa bilisummaa ti. Namni waan hundumaatiin akka isa jaalatu, isa kabajuu fi isa waaqefatu fedha Waaqayyoo ti. Namni karooraa fi yaada gaarii Waaqayyo isaaf qabu akka beekuuf barbaadatus Uumaan isaa in fedha. Waaqayyo nama uumuun isaa yaada ofii isaatii tiif: gammachuu jaalala isaa , ayyaana isaa, ogummaa isaatii fi ulfina isaa akka namni hirmaatu in barbaada.

Haa ta'u iyyyuu malee, jaalalli fedhiin kan godhamu dha. Humnaan ykn dirqiidhaan jaalalli hin argamu. Eenyu illee namni tokko isa biraa akka inni jaallatu dirqisiisuu hin danda'u. Ulfeessuu fi waaqefachuun illee akkuma kana fedhii dhaan ta'a. Kana jechuun immoo jalachuunis ta'ee waaqefachuun filmaata bilisummaatiin ta'a. Namni yeroo hundumaa waan iddoo guddaa keennuufii fi jaalatu filata; kanneen biro mara irra caalchisee iddoo kennaf akkasumas waaqefata. **Filannoo dhaan!** Garuu filannoon miidhaa / balaa illee of keessaa qabaachuu ni danda'a. Kana jechuunis namni gaarii ykn hamaa, jireenya ykn du'a, ifa ykn dukkana filachuu ni danda'a. Egaa wanti gaafatamuu qabu, "nan filadhaa ykn immoo nan waaqefadhaa?" otuu hin ta'in , "Eenyuun?" kan jedhu ta'a. "**karaan qajeelaa namatti fakkaatu jira**, dhumni isaa garuu karaa duu'aa ti." Fakk. 14:12.

Seexxanni mormii filate; kunis akka inni gadi darbatamu isa taasise. Isa. 14: 12-15'n dubbisi. filannoon dogongoraa dhumni isaa baa'ee kan nama gaddisiisu ta'uu ni danda'a. Jaalala, dhugaa fi gaarummaa Waaqayyoo tufachuun bu'aan isaa jibba, dodongoraa fi waan hamaa haammachuu/ sasaabachuu dhaan nama ga'a. Isa tokko filachuun isa biraa immoo tuffachuu ta'a.

Kan Waaqayyo caalaatti, Hewaan sagalee bofichaa Addaam immoo sagalee haadha mana isaa dhaga'uu filatan. Bu'aan filannoo dogongoraa kun Waaqayyottii adda ba'uu ykn du'a ta'e!

**Fayyinni maaliif barbaachisee?**

Fayina argachuun rakkina cubbuu irraa kan ka'e nurra ga'eef furmaata ta'a. Isa qulqullaa'aa yaada fi karoora Waaqayyoo keessaa kan nu baasu cubbuudha. "… ***namni hundinuu waan yakkaniif duuni sanyii namaa hundumaa wal ga'e***." Rom. 5: 12. Gatiin cubbuuf kanfalamu jira. Innis Waaqayyo irraa gargar bahuu dha ykn immoo du'a dha. "***Beenyaan nama cubbuu hojjetuu du'a***; kennaan Waaqayyoo garuu jireenya bara baraa ti." Rom. 6: 23. Waaqayyo karaa Hizqi'el Raajichaa(18: 4, 10 ), "… ***lubbuun isa cubbuu hojetuu haa du'u***!" jedheera. "***Nuyi hundumti keenya akka hoolotaa karaa irraa badnee turre, adduma addaanis kara karaa in gorre***; Waaqayyo garuu yakka hunduma keenyaa isa(Yesuus) irra kaa'e. " Isa.53: 6 . gara nutti fakkaatetti karaa irraa goruun kun du'atti adeemuu ta'a. "karaan qajeelaa namatti fakkaatu jira, **dhumni isaa garuu karaa duu'aa ti**. "Fakk. 14:12.

**Karaa fayyinaa**

Gooftaan Yesuus, "***Ana karaan ana dhugaan ana jireenyi, anaan malee gara Abbaa kan dhufu tokko illee hin jiru***" jedhee dubbatera. Yoha.14: 6. Waaqayyos, "***Kun***(Yesuus) ***ilma kooti isaan kan natti tolu isa dhaga'aa***" Egaa karaan itti dhuma badiisaa jalaa itti bahuu dandeenyu jira. Karicha kan qopheesses Waaqayyo ma ofii isaa ti- tokkicha ilma isaa erguudhaan! Yesuus riqicha ittiin du'a keessaa jireenyatti darbanidha! Fayyinnis kennaa Waaqayyoo ti. "***Waaqayyo, akkasitti tokkicha ilma isaa hamma kennutti biyyaa lafaa jaallate; kun immoo isa***(Yesuus) ***kan amanu hundumtuu jireenya bara baraa akka qabaatuuf malee, haa baduuf miti. Waaqayyo, … biyyi lafaa ittiin haa fayyuuf ilma isaa biyya lafaatti erge… Ilma isaa kanatti* kan amanu itti hin faradamu, *isatti kan hin amanne garuu, maqaa tokkicha ilma Waaqayyootti waan hin amaniniif , amma iyyuu itti faradameera***." Yoha.3: 16 –18.

"***Hamma isa simataniif immoo ijoollee Waaqayyoo akka ta'aniif aboo isaaniif kenne; isaanis warra maqaa isaatti amananii dha***." Yoha.1:12. Kennaa nuuf kenname kan kooti jennee itti fayyadmuu danda'uuf duraan dursa siimachuun barbaachisaa dha.

Kennaan fayyinaa Waaqayyo biraa tola nuuf kenname. Dubbiin isaa, "***Hundinuu yakkaniiru, ulfinni Waaqayyoos isaanitti hir'ateera***."jedha. Rom.3: 23. Gooftaan Yesuus fayyina keenyaaf kan barbaachisu "**gatii gutuu**" nuuf baaseera. Nuuf immoo akkasuumatti tola kenne; garuu

warra isaa fudhataniifi dhaa. Yoha.1:12. Isaa warii fudhatan garuu firdii jalaa bilisa. Rom.8:1.

**Waaqayyo yeroo siif kenneera**

Yaa obboleessa ko, Waaqayyo fula isaa duratti gati jabeessaa godhee si lakkaaweera. Kanaafuu gar-malee akka ati baddu jaalala isaa miti. Haata'u iyyuu malee carraa waan barbaadde filachuu danda'uutti fayyadamtee kanaan dura filannoo dogongoraa godhateetta ta'a (yoo Yesuusiin malee jiraatte). Gara kaabaatti adeemuu barbaadee dandii kibbatti geessu irra adeemsa namni jalqabe, **yoo deebi'erraan kan hafe**, gonkumaa kaaba gahuu akkuma hin dandeenye, atis karaa isa sirrii (Yesuusiin) malee yoo adeemte gonkumaa jireenya bara baraa argachuu hin dandeessu! Kanaafuu, inni si jaallatu Waaqayyo yeroo siif kenneera hoo tii, mee takkaa dhaabadhuu ti filannoo kee sirreeffadhu. **Ilma/intala badiisaa ta'uudhaaf dabarsitee ofii kee hin kennin!** Waaqayyo sii jaallata; harka isaas bal'isee si waama. Jalaa ba'uuf baay'isii ariifadhu! Yoo deebi'uu feete amma yeroon kun siif mijataadha garuu yoo diddaaadhaan garaa kee jabeesite carran kun bara baraan si harkaa bahuu danda'a! Yoo fedhakee ta'e kadhata kana onnee kee irraaa amantiidhaan kadhadhu:

"**Goftaa Yesuus, si duratti iddoonii fi gatii guddaan waan naaf kennameef ulfaadhu. Isa na bira gahe sagalee fayinakootiitiifs sin galateefadha. Yeroo kanaa jalqabee immoo dubbiiketiif nan abboomama. Cubuukoo hundumaa anaaf dhiisi.Humna cubbuu tii fi seexanaa isa hamma har'aatti narratti mo'e jalaa bilisa na baasi. Jireenya bara baraas anaaf kenni. Nama isa Ati barbaaddu ana godhadhu. Ameen**."




Dhugumaan kadhata kana garaa kee irraa kadhatte taanaan Yesuus gara jireenya kee dhufeera. Kanaafuu, har'aa kaaftee kadhachuudhaan, sagalee Waaqayyoo dubbisuu/ dhaga'uudhaan tokkummaas amantootaa wajjin godhachuudhaan jaalala Waaqayyoo keessatti of eegi. Waaqayyo siin haa eebbisu!

Yaada ykn gaaffii yoo qabaatte teessoo kanaan nuuf barreessi:

Sagalicha Dhiigicha Hafuuricha
teklu@sagalichadhiigichahafuuricha.com



# Filmaata




# WAAQAYYO SI JAALLATA!

T-7